Biyya Haaraya - Mana Haaraya: Kireefachuu, Mirgaafii Dirqama

Tilmaama namootaafii baqataa haaraya dhufeef

Tilmaamni kun gorsa guutuu kenna:

- Victooriyaa Keessatti mana kireefachuuf qoppii barbaachisu
- Iyyannoo mana kiraa dhiheefachuuf
- mirgaafii dirqama kee beekuuf
- laalcha gaarii abbaa lafaa yookin wakiila irraa argachuuf.

Barruu qoppaahe Gabaa yookin Magaalaa Eeyduu Victooriyaa irraa argachuuf (03) 9627 7126 bilbili:

- *Victooriyaa keessatti mana kireefachuu: Tilmaama namootaafii baqataa haarayaa dhufeef* (afaan 14)
- *Victooriyaa keessatti mana kireefachuuf: Tilmaama Abbaa lafaatiifii wakiillan manaa* (afaan 5).

Yaada caaluuf www.eoc.vic.gov.au
yookin www.consumer.vic.gov.au

equal opportunity commission victoria
An independent statutory office accountable to the Victorian Parliament

State Government Victoria Consumer Affairs Victoria

SPRINGVALE COMMUNITY AID & ADVICE BUREAU

TENANTS UNION of Victoria Ltd

State Government Victoria Department of Human Services

MRC Migrant Resource Centre

REIV

DIMIA

Victooriyaa keessatti mana kireeffachuu

Tilmaama namootaafii baqataa haaraya dhufeef



equal opportunity commission victoria
An independent statutory office accountable to the Victorian Parliament

State Government Victoria Consumer Affairs Victoria

Tilmaama haarayatti siqubsiisuu

Tilmaamni kun yaada sigargaaru:

- mana kiraa argachuuf siqoppeessa Victooriyaa keessatti
- iyyata kiraatiif gabaa manaa keessatti
- mirgaafii dirqama kee akka kireeffataatti
- laalcha gaarii abbaa lafaafii wakiila kireessu irraa argachuuf.

Mirgaafii Dirqama

Seerri mirgaafii dirqama nama kireeffatuu, abbaa lafaatiifii wakiila manaa laalu Victooriyaa keessatti Seera Mana Kireeffataa 1997 *(Residential Tenancies Act 1997(Vic))* jedhama. Waa'ee Gabaa/magaalaa Eeyduun Victooriyaa tohattuu yookin bulchaa isaati.

Seerri holaa/gargar baasuu kiraa manaa ee'gu Seera Hiree Wal'qixaa 1995(Victooriyaa) *(Equal Opportunity Act 1995(Vic))* jedhama. Komishinni Hiree Walqixaa kana laala. Kana malee yaadaafii gorsa waa'ee seera holaa/gargar baasuu biyya guutuu irratti kenna.

Yaada bal'aaf waa'ee Seera Hiree Wal'qixaa Victooriyaa keessatti fuula 11 laali.

Yoo gargaarsaa yookin gorsaa caalaa feete

Mana kireeffachuuf Wakiillan adda addaa irraa gargaarsaa argachuu dandeetta Victooriyaa keessatti. Fuula 18-23 laali qunnamtiif.

Carraa gaarii haarayatti mana barbaadachuuf.

Mana barbaadachuuf qoppaahuu

Tarkaanfii cimaa heddutuu fudhatamuu qaba Victooriyaa keessatti mana kiraa gabaa/magaalaa argachuuf.

Akkaan beeki xurree mana kiraa

Qondaallan qubsiisaa dameedhan mootummaatiifii hawaassan ummataa keessatti argamu namootaafii baqataa haarayatti dhufee qubsiisuuf.

Galma Tajaajila Ummataa naannawa keetii qunnami gorsaa wakiila kam dubbisaatiif. Fuula 22 laalii yaada argachuuf.

Qondaalli qubsiisaa addaan siibaasa karaa jiru, kaakka:

- kiraa gabaa/magaalaa
- manniin mootummaa
- yoo qabdiin siimaleef Kennaa Liqaa Qabdii (Bond Loan Scheme) (hiikkaa fuula 15 irra laali).

Yoo mana gabaa kireefachuuf murteessite tilmaamni kun siif ta'a.

Mana kiraa ee'ssa barbaaddan

Karaan beekamaan ittiin mana gabaa yookin magaalaa barbaadan:

- bakka bu'aa/wakiila manaa
- maxxansaa guyyaan bahuu yookin maxxansaa gandaa bakka mana kiraa ('To Let') jedhu.

Barruu qajeelaa/Dhugaa

Osoo abbaa lafaa yookin wakiila lafaa hinqunnamin barruu sigargaaru qoppeeffadhu.

Barruu ee'nnyummaa

Waan ee'nnummaa kee himu, mallattoofii suuraa kee qabu sifeesisa. Galmi Manneen Victooriyaa (Real Estate Institute of Victoria) wanni suuraa qabu kunniin tumsa guddaa jedhee laala:

- lichensaa konkolaataa kutaa Victooriyaa
- Fuula suraa qabu baazaboora keessaa
- Dockumentii Austraaliyaa ittiin seente
- Formii PLA56 mootummaan kennamu.

Ragaa (References)

Yoo xiqqaate ragaa lama sifeesisa. Kunis:

- maqaafii bilbila namoota biyya kana jiraatan, kasifide, barsiisaa, kasidalgsiisu yookin qondaala qubsiisaa.
- ragaa Jaarmaya hawaasaa yookin qondaala qubsiisaa(fakkeenna xalayaa fuula 14 laali).

Yoo ragaa kanniin walitti qabuu feete qondaala qubsiisu gaafadhu.

Toohuu manaa mijjeessuu

Erga ragaa hunda walitti qabatteefii mana feetu argite akka mana silaalchisu abbaa lafaa yookin Bakka Bu'aa manaa qunnami.

Mirga keeti mana erga laaltee booda walta'insa mallatteessuun (hiikkaa fuula 16 laali.)

Tolchii uffadhu yaroo banaa/furtuu manaa abbaa lafaa yookin wakiila irraa fuutu. Kun waan gaarii jaraaf hima.

Mana laalchisuuf horii namarraa fudhachuun heeraa ala.

Haata'u malee, yoo Abbaa lafaa yookin wakiila malee kalaaltu taate horii sii deebi'u qabsiisuu qabda. Kunis yammuu baayyee Dolaara $50. Waan ee'nnummaa kee himus qabsiisuu qabda ta'a, waan akka paasportii yookin licheensaa konkolaataa dalaguu.

Yammuu banaa/furtuu deebiftu horiiniifii wanni ee'nnummaa kee himu hundi siideebi'a.

Yoo konkolaataa hinqabne Abbaa lafaa yookin wakiilatti akka banaa deebisuuf yeroo dheeraa sirraa fudhatu himi.

Mana laalu

Keessaafii ala manaa yeroo laaltu waan kanneen hubadhu:

- manni gaaza moo korreentaan dalaga (gaazatu rakasa)
- fooddaan cufamtii?
- balballi alaan cufaa qabdii?
- ifaafii badaan/sumsumni dalagaa?
- boonbaan bishaanii, manni fincaaniifii bishaan oo'aan dalagaa?

- gamada/wadaroo bilbilaa qabaa? Yoo hinjirre situu baasuu qabaa, qaalis ta'a.
- manni qulqulluu?
- manni siif ta'a? golliin gahaa qabaa, dukkaana, mana baruumsaatiifii karaa konkolaataatitti dhihaataa?

Yaroo haala manaa laatu waan akka:

- waliigaltee kiraa manaataafii waan keessa jiru beeki
- yoo waa sii hingalin qondaala qubsiisaa gaafadhu.

Yoo mana jaalattee qulqullummaa dhabeefii dalagaa barbaachise qondaala qubsiisaa gorsa gaafadhu.

Iyyannoo mana kireeffataa

Formii guutuu

Akka ati iyyannoo guuttuufii ragaa sigargaaru dhiheeffattu sigaafatu.

Koppii licheensaa keetiitii yookin koppii suraa qabu baazaboora kessaa itti qabsiisi.

Formii guutii deebbisi waan barbaachisuu hunda wajjiin. Abbaa Lafaa yookin wakiilli lafaa daddaffiin murtii godhan, saa'aa 24 keessatti.

Qondaala Qubsiisaa yookin Waldaha Kireeffataa Victooriyaa akka iyyannoo siiguutan gaaffachuu dandeetta (fuula 20 laali.)

Iyyannoo dhiheeffachuu

Abbaan Lafaa yookin wakiillan lafaa gaafii garii sigaafata. Gaafiin wama kiraa baasuu dandahuutiifii mana qabachuu danda'u ta'a.

Gorsa caaluuf kutaa Laalcha gaarii abbaa lafaa yookin Wakiila irraa argachuu kajedhu fuula 11 laali.

Waliigaltee Kireeffataa Manaa hubachuufii mallatteessuu

Yoo Abbaan lafaa yookin wakiilli lafaa mana sii kenne, Waligaltee Kireeffataa Manaa akka mallatteessitu sitti kenna.

Waligaltee Kireffataa Manaa kontiraata seeraati, kamallatteeffamuu qabu.

Yaroo Waligaltee Manaa mallatteessitu waan keessa jiru hunda fudhatte jechuudha, kunis:

- kiraa manaa hagamii (hiikkaa fuula 16 laali)
- qabdii sii deebi'u kakennamu (fuula 15 laali)
- yaroo hagamiif kireeffattaa
- haalliin biro yookin waan sirraa ee'ggamu

Osoo hinmallatteessin dubbisuufii hubachuu kee beeki. Fakkeennaaf yoo yaroon murame hagasumaaf keessa jiraatta jechuudha.

Seeraa ala yoo Abbaan lafaa yookin wakiilli manaa kanniin sigaafate:

- kiraa ji'aa/baatii tokkoo olii
- qabdiifii waasii walitti qabee

Yoo kiraan manaa $350 torbanitti caale Abbaan lafaa yookin wakiilli manaa qabdii kiraa manaa caalu sigaafachuu danda'a.

Yoo waan mallatteessitu hibeekne Qondaala Qubsiisaa, Waldaha Kireeffataa Victooriyaa yookin Galma Tajaajila Ummataa gaafachuu dandeetta.

Formii qullaa akkana jettee hinmallatteessin. Waligalteen Kireeffataa Manaa Tolee guutamu hubadhu.

Yoo Abbaan manaa yookin wakiilli manaa qabxii mirga kee tuqu itti dabale waan Waligaltee Kireeffataa Manaa keessa hinjirre Seera Mana Kireeffataa 1997(Victooriyaa) *(Residential Tenancies Act 1997 (Vic))* alatti, seeratti sigaafachiisuu hindandayu.

Yoo waa itti dabalan, hanqisan yookin jijjiramni godhame (Fakkeennaaf Qabdii heddummeessan) haaraya ta'u keetiif holaan/gargar baasuun sirra gahe ta'a yookin waan akka fuula 11 irratti kaa'ameetiif.

Qabdii siideebi'u kennuu

Osoo manatti hingalin akk ati kiraa baatii tokkoo dura kennituufii kiraa hagasii qabdiif sirraa fuudhu. Kun horii qabdii jedhama.

Qabdii yoo kennitu kiisa keetii baaftuufii Tumsa Qabdii Liqaa irraa fuutus siifii Abbaan Lafaa Yookin Bakka Bu'aan Formii Qabdii ittiin galchan (Bond Lodgement Form) mallatteessuu qabdan (hiikkaa fuula 15 irra laali)

Formiin kun horii wajjiin gara Humna Qabdii Manaa Kireeffataatti *(Residential Tenancies Bond Authority (RTBA))* ergama.

Qabdiin haga ati mana keessaa baatutti HQMK bira tura.

Abbaan lafaa yookin wakiilli lafaa horii kana balleessuu hindandayu.

Iyyannoo Liqaa Qabdiitiif (Bond Loan) dhiheeffachuu

Yoo qabdii manaa kennuu hindandeenne Biiroo Manaa Mootummaa Victooriyaa irraa liqeeffachuu dandeetta.

Qabdiin Liqaa kennamu kun dhala malee kennama, kiraa yookin waan ittiin meeshaa guurataniif oo'luu hindandayu.

Haga/hamma abbaan lafaa yookin wakiilli lafa mana sii kennuu beektutti qabdiif iyyachuu/gaafachuu hindandeettu.

Yammuu qabdii gaafattu, koppii waligaltee manaa yookin xalayaa Abbaa lafaa kakanniin qabu:

- maqaafii teessoo Abbaa lafaa
- bilbila warraa /Abbaa lafaa
- maqaa namoota itti galuu
- teessoo manaa
- kiraa torbaanii
- qabdii barbaadamu
- guyyaa itti galamuufii irraa bahamu
- golliin manaa hagam

Yaadaa caaluufii formii argachuuf Biiroo Manaa naannawa keetii qunnamuu qabda. Fuula 20 laali qunnamtiif.

Qabdii Liqaa kennamu argachuu

Yoo siinmale, akka nama haaraya dhufeetti argachuuf mirga qabda.

Qabdiin Liqaa akkuma nama horii callaa kenneeti.

Gabaasaa Haala Manaa (Condition Report) Guutuu

Gabaasaan kun waan haala manni keessa jiru himu osoo itti hingalamin.

Gabaasaan kun bodarratti rakkinni yoo ka'e waan ragaa ta'u ququllummaa, cabnana yookin waan bade laalchisee.

Gabaasaan haala manaa yaroo sitti kennamu Abbaan lafaa yookin wakiilli cinaa isaa guutee sitti kenna.

Yoo sii hinta'in waan sitti mul'te tolchiiti barreessi itti deebisi. Tolchitii laalutu barbaachisaadhaa.

Erga guuttee booda koppii tokko Abbaa lafaati yookin wakiilaa keenni, koppii tokko ammo hambifadhu.

Gamada/wadaroo dhimmaa hidhachuu

Osoo manatti hinseenin bilbilli, gaaza bobahuu, bishaaniifii ifaan jiraachuu hubadhu.

Saa'aa 48 dura itti hidhuuf qunnami.

Tajaajila kanaaf horii baasuu akka qabdu beeki.

Maqaafii bilbila jaarmaya kanneenii Abbaa lafaa yookin wakiila lafaa irraa yookin Barruu Boora (Yellow Pages) keessa argachuu dandeetta.

O'seenuu

Abbaa lafaa yookin wakiilli waan kanneen siikennu hubadhu:

- koppii mallatteeffame kawaligalte kireeffataa
- koppii gabaasaa manaa guutameef mallatteeffame
- koppii formii qabdii
- nagahee horii kiraa manaatiifii qabdii
- koppii barruu kireeffachuu: Sirna Mirgaatiifii Dirqamaa (Renting: Statement of Rights and Duties book). Kun afaan biriitiinis jira (fuula 18 laali)
- bilbila atattamaa waan tolfamuuf.

Abbaa lafaa yookin wakiila manaa irraa laalcha gaarii argachuu

Victooriyaa keessatti waa'ee manaa laalchisee holaan/gargar baasuun seeraan dhooggaadha, waan kanniini jecha:

- gosa
- ganna
- amantii
- laalcha siyaasaa
- asxaa
- fedhii asxaa/fedhii asxaa seeraan godhamu
- ee'nnyummaa asxaa
- laalcha qaamaa
- dhibee qaamaa
- garaa qabaachuu/ulfa
- hoosisuu
- qeerroo ta'uu/mana qabaachuu
- warra/gafatamaa qabaachuu
- miseensa Waldahaa ta'u
- waan asii oliitti hidhaa qabaachuu

Holaan/gargar baasuun magaalaa manaa akkamitti ta'a?

Waan asii olitti kaahamee jecha Abbaan lafaa yookin wakiilli manaa mana gurguruu yookin kireessuu diduu hindandayu. Akkasuma sanyii yookin amantiif jecha.

Yoo Abbaan lafaa yookin wakiilli lafaa gosa yookin amantii jedhee waan kanaa gadii godhe holaa/gargar baasuu jedhama:

- iyyanno mana tokkoof kenname akka birootti laale
- yoo heeraa alatti kireesse, qabdii ol'kaase
- waligaltee duraanii jijjiire
- yoo waan namni biro argatu kaan dhoogge
- waan namaa biro ittiin fudhatu kaaniin gahuu dhabe
- karaa maleen manaa baase
- yaroo kiraa dheeressuu yookin haarayoomsuu dide
- saree ijaaf itti oo'lan yoo dhogge

Seerri Kireeffataa 1997 (Victooriyaa) *(The Residential Tenancy Act 1997 (Vic))* holaa/gargar baasuu biroollee laala. Yoo abbaan lafaa Yookin wakiilli ilman qabaachuuf kireessu dide.
Haata'u malee yoo:

- Abbaa lafaa achi jiraate
- manni ilmaaniif hintaane
- mootummaan qeerroof/warra ilmaan hinqabne ee'yame.

Holaan/gargar baasuun sirra gahee?

Yoo wanni asii olii kanneen sirra gahee jiraate Komishina Hiree Walqixaatti iyyanno dhiheefachuu dandeetta.

- tajaajillaaf horii hinbaaftu, oduun hinbahu, laalcha gaarii argachuu danda'a
- nama biyya kanaa ta'uun sirra hinjiru iyyannoo godhuuf
- nama afaan siihiiku gaafadhu ffeenaan
- Komishinni siibareessuu danda'a
- Lakkooysa (03) 9281 7100 yookin 1800 134 142 iyyannoo Komishina Hiree Walqixaatti dhiheeffadhu.

Fakkeenna iyyannoo mana kiraa Xalayaa ragaa

Kun fakkeenna xalayaa ragaa warri nama qubsiisu yookin wakiilli hawaasaa nama kireeffatuuf keennu.

Xalayaan maqaa, bakka irraa dhufe, jireenna Austraaliyaafii teessoo qabbata.

Gara: teessoo warra qubsiisuu yookin wakiila hawaasaa Guyyaa:

Jaal (maqaa Abbaa lafaa yookin wakiila manaa)

Waa'ee: Ragaa mana kiraa (maqaa namtichaa)

Galmi Tajaajila Ummataa/Galmni Hawaasaa keenna ebaluu kana tin'oo kenna mana akka argatu.

(isaafii warri isaa guyyaa Austraaliyaa seenan) biyya irraa dhufe.

Warri kun ergaa dhufanii (ee'ssa galanii), hagam achi turanii(guyyaa).

Yoo beekuu feeteef Galmii Tajaajila Ummataa (yookin Dhaaba biroo) warra ummata irratti hundaahe baqataa haaraya dhufe tajaajilu Victooriyaa keessatti.

Rakkataa keennaa waa heddu goona akka mana barbaaduufii fa'a. Victooriyaa keessatti akka dafanii qubatan gorsaafii tajaajila kenninaaf.

Yoo waan beekuu feetu qabaatte, kiraa baasuu, mana ee'guu heera waligaltee ee'guu bilbila kanaan nugaafadhu saa'aa dalagaa.

Kabajaan

Maqaa

Dalagaa (fakkeennaaf. Dalgduu Mana Qubsiisuu)

Hiikkaa barbaachisu

Qabdii (Bond) – horii dura kireeffachuuf kennamu, kayoo hincabsin, hinballeessin deebi'u. Qabdii kiraa baatii tokkootiin wal'qixa ta'a yaroo baayyee. Abbaan lafaa balleessuu hindandayu waan qabdiin Dhaaba Qabdii Qabuun (Residential Tenancies Bond Authority (RTBA)) ee'ggamuuf.

Dhumarratti horiin siideebi'a yoo kiraa baasuu baatte yookin waa badan malee. Kun yoo ati amantee fudhatte Biiroon Dhaabaa Qabdii (Victorian Civil and Administrative Tribunal (VCAT)) horii kanarraa baasee keenna (laali hiikkaa kanaa gadii).

Formii Qabdii Gaafii (Bond Claim Form) – yoo manaa bahan formii kana guutanii bahu akka horiin Dhaabaa Qabdii Qabu (RTBA) irraa gadhiifamu.

Tumsa Qabdii Liqaa (Bond Loan Scheme) – liqaa dhala hinqabne kamootummaan Victooriyaa Biiroo Manaa jalaan kennu. Yaroo manaa bahan Abbaan lafaa akka horiin Dhaabaa Qabdii Qabu (RTBA) irraa bahee Biiroo Manaatti deebi'u godha. Yoo horiin kun waan hammaateef qabame abbama kireeffatetu ofirraa baase kenna.

Formii Qadii Galchuu (Bond Lodgement Form) – Yammuu qabdiin kaahamu Abbaan lafaatiifii kireeffataan formi kana guutanii Dhaabaa Qabdii Qabutti (RTBA) horii wajjiin galchuu.

Gabaasaa Haala Manaa (Condition Report) – haala mana keessaa alatti waan himu yeroo manatti galtu. Dhuma yaroo baatu kanaan beeku waan hammaate mana keessaa.

Holaa yookin gargar baasuu (Discrimination) – nama waan inni qabuuf yookin hinqabneef (asxaafii amantii) holuu **yookin** addaan foohu.

Bakka Bu'aa/Wakiila Manaa (Estate Agent) – nama bakka Abbaa lafaa bu'ee mana kireessu.

Abbaa lafaa (Landlord) – nama mana/dachii kireessu.

Mana/Dachii (Property) – ijaara akka manniinii, hoxxee, godoofii kana fakkaatu namni kireeffatu yookin bitu.

Kiraa (Rent) – horii mana keessa taa'uuf Abbaa manaatiif kennamu.

Waligaltee Mana Kireeffataa (Residential Tenancy Agreement) – kun kontiraata manaa jedhamuu danda'a. Akka seeraatti haala manaatiifii waliigaltee ibsa. Yaroo baayyee waan barreessaa ta'u, haata'u malee afaaniinis waligalteen kaa'amu danda'a.

Humna Qabdii Mana Kiraa (Residential Tenancy Bond Authority (RTBA)) – horii qabdiif kennamu walqixatti Abbaa Lafaatiifii Kireeffataa qaba. Dhaabdi Qabdii Manaa (RTBA) horii kana yoo murtii Mana Seeraatiin ta'e abbaa murameef kennuu danda'a yookin akka Mana Bulchaa Seeraa Ummata Victooriyaatiin (VCAT) yookin Mana Seeraatiin murametti.

Kireeffataa (Tenant) – nama kiraa baasuuf waligaltee godhatee mana keessa galu.

Tajaajila Tarjamaatiifii Hiikkaa (TIS) – akkana jedhame tajjaajila kana sadarkaa biyyaatti kenna.

Mana Bulchaa Seeraa Ummata Victooriyaa (Victorian Civil and Administrative Tribunal (VCAT)) – manni seeraa kun akka laafatti horii guddaa malee wal'diddaa gidduu Abbaa lafaatiifii Kireeffataa hiikaa.

Yaada caaluuf yookin baayyeef

Waa'ee Gabaa yookin magaalaa Victooriyaa (Consumer Affairs Victoria)

Waa'een Gabaa Victooriyaa warra gabaatiifii kireeffataa gorsaan tajaajilu gargaarsa horii godha. Kanaannawa keetii qunnamuuf bilbila kanaa gadiitiin dubbisi yookin yoo hiikkaa afaanii feete TIS 13 14 50 waamii akka Waa'ee Gabaa Victooriyaa siidubbisan gaafadhu.

Waa'een Gabaa Victooriyaa Maxxansaalee hedduu aakka 'Barruu Diimaa' Kireeffachuu: Sirnaa Mirgaafii Dirqama *(Renting: Statement of Rights and Duties)*, baasa, afaan Griikii, Xaaliyanii, Chaaynaa, Vetinaamii, Arabaa, Rashiyaa, Spaanishiifii Turkiin.

Consumer Affairs Victoria
Level 2, 452 Flinders Street
Melbourne 3000
Helpline: 1300 55 81 81
www.consumer.vic.gov.au

Komishina Hiree Walqixaa Victooriyaa (Equal Opportunity Commission Victoria)

Komishinni Hiree Walqixa Victooriyaa qaama ofdanda'ee holaa/gargar baasuu seeraa alaa balleessuuf dalaguufii hiree walqixaa Victooriyaa keessatti tarkaanffachiisu.

- haala gaarii, holaa malee, oduu baasuun malee, gatii xiqqaan tajaajila waldiddaa hiikuu deemsisa
- ummataa yaada kennuufii barsiisuun akka mirgaafii dirqama isaanii seera hiree waqixaa jalatti baran godha.

Namni holaan/gargar baasuun narra gahe jedhee laalu yoo jiraate komishina qunnamuun tumsa iyyannoo dhiheefachuu argachuu danda'a.

Yaada holaa/gargar baasaa laaluufii mirgaafii dirqama ibisu afaan 20 tti qoppaahe argachuu dandeetta. Waan afaan keetiin qoppaahe bilbili gaafadhu.

Equal Opportunity Commission Victoria
3/380 Lonsdale Street
Melbourne 3000
Advice Line: (03) 9281 7100
Telephone: (03) 9281 7111
Fax: (03) 9281 7171
TOLL FREE (country callers) 1800 134 142
TTY: (03) 9281 7110
Email: eoc@vicnet.net.au
www.eoc.vic.gov.au

Waldaha Kireeffataa Victooriyaa (Tenants Union of Victoria)

Waldahni kun Victooriyaa keessatti burqaa guddaa waan kiraa, mirgaafii dirqama kireeffataa laalu akkasumatti tajaajila gorsaa godha.

Yaada afaan gara garaa akka Amaaraa, Arabaa, Chaaynaa, Kirooshiyaa, Parshiyaa, Poolish, Rashiyaa, Sarbiyaa, Soomaalee, Spaanishaa, Turkiifii Vetinaamii qabu.

Tenants Union of Victoria
55 Johnston Street
Fitzroy 3065
Advice Line: (03) 9416 2577
www.tuv.org.au

Biiroo Manaa (Office of Housing)

Kun kutaa Damee Tajaajila Humana Namaati. Biiroon kun dalagaa adda addaa akka Liqaa Qabdiitiifii Mana Mootummaa nama haqa godhatu kireessuu fa'a dalagu.

Yaada caalaa gargaarsa laalu argachuuf biiroo naannawa keetii Barruu Adii (White Pages A-K) Tajaajila Humnaa, Tajaajila manaa kajedhu jalatti laali. Yookin teessoo komputaraatiin www.dhs.vic.gov/housing jedhuun barbaadi.

Galma Manneen Victooriyaa (Real Estate Institute of Victoria)

Waldahni Kun Victooriyaa keessatti bakka bu'aa wakiillan lafaa yookin manaa ta'ee dalaga.

Galmi kun hiree walqixa kireeffatuu akeeka jedhu Abbaa lafaatiifii Kireeffataafis dhiheessuu danda'a.

Real Estate Institute of Victoria
335 Camberwell Road, Camberwell 3124
Telephone: (03) 9205 6677
Fax: (03) 9205 6699
Email: reiv@reiv.com.au
www.reiv.com.au

Humna Qabdii Kiraa Manaa (Residential Tenancies Bond Authority (RTBA))

Humni Qabdii Kiraa Manaa qabdii mana kiraa jabeessitee walqixxeessuun abbaa manaatiifii kireeffataa keetti.

Residential Tenancies Bond Authority
Level 2, 452 Flinders Street, Melbourne 3000
Telephone: 1300 137 164

Tajaajila Tarjamaatiifii Hiikkaa (Translating and Interpreting Service - TIS)

Tajaajilli tarjamaatiifii hiikkaa yaroo baayyee TIS jedhamee waamama, biyya guutuu keessatti dalagaa kana geeggessa.

Afaan tarjamuufii hiikuun warri lenjifame gargaarsa guddaa godhu baqataafii namoota afaan Ingiliizii dhibuuf.

TIS haala saditti, gidduu keetiifii afaan hiikuutiifii akkasuma bakka hajaa jirtu waliin siqunnamsiisuu danda'u. Sakondii 30 keessatti nama afaan hiikuun wal'siqunnamsiisan.

Telephone: 13 14 50 (gatii laali yaroo gootu)

Galmiin Tajaajila Ummataa/Baqataa (Migrant Resource Centres)

Galmi Tajaajila Ummataa/Baqataa kun akka ummanni dafanii qubachuun ofdanda'an gochuuf dhaabbatan.

Waan gara garaa godhu, haata'u malee afaan baayyeen yaada, gorsa, ragaa namootaafii baqataa kennu.

Akkasuma tumsa dalagaa gochuu, tumsa mana kiraa, doosee deemsisuu, afaan Engiliizii barsiisuufii waan dhimma ta'eirratti yaada kennuu fa'a.

Geelong MRC
153 Pakington Street
Geelong West 3218
Phone: 5221 6044
Fax: 5223 2848

Inner Western Region MRC
2nd Floor, 289 Barkly Street
Footscray 3011
Phone: (03) 9689 2888
Fax: (03) 9687 9286

Hoppers Crossing Outreach Service
Central Park
Community Centre
80 Lonsdale Circuit
Hoppers Crossing 3029
Phone: (03) 9748 3066
Fax: (03) 9748 3340

Gippsland MRC
100-102 Buckley Street
Morwell 3840
Phone: 5133 7072
Fax: 5134 1031

North West Region MRC
45 Main Road West
St Albans 3021
Phone: (03) 9367 6044
Fax: (03) 9367 4344

MRC North East
251 High Street
Preston 3072
Phone: (03) 9484 7944
Fax: (03) 9484 7942

Migrant Information Centre Eastern Region
333 Mitcham Road
Mitcham 3132
Phone (03): 9873 1666
Fax (03): 9873 2911

Northern Metropolitan MRC
175 Glenroy Road
Glenroy 3046
Phone: (03) 9306 5611
Fax: (03) 9306 5644

South Central Region MRC
40 Grattan Street
Prahran 3181
Phone: (03) 9510 5877
Fax: (03) 9510 8971

Oakleigh Outreach Service
22a Atherton Road
Oakleigh 3166
Phone: (03) 9563 4130
Fax: (03) 9563 4131

South Eastern Region MRC
Level 1, 314 Thomas Street
Dandenong 3175
Phone: (03) 9706 8933
Fax: (03) 9706 8830

Westgate Region MRC
78-82 Second Avenue
Altona North 3025
Phone: (03) 9391 3355
Fax: (03) 9391 1796

Hubachiisa

Biyya Haaraya - Mana Haaraya kun qbxii waliigalaa Komishinni Hiree Walqixaatiifii Gabaa Ee'yduun Victooriyaa waa'ee holaa gabaa/magaalaa manaa namootaafii baqataa laaluuti. Miseensonni:

- Glama Manneen Victooriyaa (Real Estate Institute of Victoria)
- Damee Humna Namaa, Biiroo Manaa (Department of Human Services, Office of Housing)
- Biiroo Tajaajila Ummataa Baya-Mirgaa (Northeast Migrant Resource Centre)
- Damee Qubataatiifii Aadaa Baayyeetiifii Waa'ee Warra Lafaa (Department of Immigration and Multicultural and Indigenous Affairs)
- Waldaha Kireeffataa Victooriyaa (Tenants Union of Victoria)
- Tumsa Hawaasa Spriingvaaliifii Biiroo Gorsaa (Springvale Community Aid and Advice Bureau)

Murri Dalagaa kun yaada Koree Kixxaa Qubsiisaa Victooriyaa (Victorian Settlement Planning Committee (VSPC)) wajji fudhata mootummaa biyyaa, Kutaafii Dameedhan Bulchaa Gandaatiifii dhaabbiin Hawaasaa warra tola tajaajila qubataatiif Victooriyaa keessatti dalagaati.

Burqaa Horii

Qoppiin Biyya Haarayaa-Mana haarayaa kun kennaa dhaaba Horii Wakiillan Lafaa Ee'guu (Estate Agents' Guarantee Fund) jedhamuun gargaaramee Ministara/Qondaala Damee Gabaa yookin Magaalaa ee'yduutiin dhuga'oome.

© Kutaa Victooriyaa 2002

Maxxansaan kun miga koppiitiin ee'ggamaadha. Keessaa akka birootti fudhatuun yoo heera Mirga Koppii 1968 godhame malee itti oo'luunf Komishina Hiree Walqixaa Victooriyaa dubbisi.

Seera jalaa bahuu

Yaadni kun akka tilmaama ta'uuf kaahame. Bakka gorsa seeraa hin'bu'u.

Yaroo manatti galtu

Abbaan Lafaa yookin wakiilli Lafaa waan sii kennuu qabu:

- koppii mallatteeffame kawalta'insa manaa
- gabaasaa haala manaa guutuufii mallatteenffame
- koppii guutuu qabdii manaa itti kennite
- nagahe qabdii manaa
- nagahe kiraa manaa fuuldura kennamu
- koppii 'barruu diimaa'- Kireeffachuu: Sirna Mirgaafii Dirqamaa (Renting: Statement of Rights and Duties) Waa'ee Gabaa/Magaalaa Eeyduu Victoriyaatitti argama.
- bilbila atattamaa tolchaa manaatiif
- aadachiisa Abbaa Lafaa maqaafii teessoo wajji

Waldiddaa gidduu keetiitiifii Abbaa Lafaa yookin Bakka Bu'aa lafaa?

1. Gabaa Ee'yduu Victooriyaa Yookin Waldaha Kireeffataa Victooriyaa gargaarsaaf qunnami.
2. Akk Bulchaa Seeraa Ummata Victoriyaatti *(Victorian Civil and Administrative Tribunal (VCAT))* iyyattu sigorsuun isaani hinmala.